Our philosophy is simple. To stablise Horn of Africa start peace in Oromia

Oromia Support Group in Australia Inc. - P.O. Box 978 Noble Park, 3174, Vic - E-mail: osg.australia@gmail.com
Registration: A0041955G. ABN: 95 941 300 944 -

Emala Obbo Kevin Rudd, Minsteera haajaa alaa Australia, gara Oromia laalchisee xalayaa ergmate

Obbo Kevin Rudd,
Mummicha Ministeerota Australia

Maqaa Gartuu Deggersa Oromiyaan (Oromia Support Group in Australia Inc.) baga waaqayyo qe'ee Oromoo do'achuuf si dhaqqabsiise jedhna. Yeroo walgahii matootii Afrikaa irratti hirmaachuuf gara Ethiopia deemaa jiraachuu kee dhageenye hedduu nu raaje. Mootummaan Ethiopia, moototii Afrikaa keessaa mootummaa mirga dhala namaa akkaan dhiitaa jiruu dha. Bulchiinsa mootummaa Mallas Zenawi jalatti mirgi namoomaa akka malee dhiitamaa jira.

Dacheen Oromoo gammachuun akka si simattu abdachaa garuu boo'icha ilmaan Oromoo yeroo ammaa keessa jiran siif eeruu yaalla. Gammachuu fi simannaa, gaddaa fi oduu gaddisiisaa wal make akkasiif garuu nu of-kalchi.

Magaalaa guddittii biyyattii kan jedhmte Finfinneen (Addis Ababa) handhuura biyya keenya Oromiyaa taatee utuma jirtuu, garuu qe'ee yeroo ammaa kana ilmaan Oromoo dhibboota kumaatamaan keessatti hidhamanii gidirsamaa jiranii dha. Qe'ee abbaan ijoollee isaa irraahaadhi ilmaan ishee irraa qabamanii. Mana hidhaa keessatti sababa mirga namoomaa fi qajeelina seeraa gaafataniif dararamaa jiranii dha. Australia harka bal'istee nu simachuu isheef galata guddaa qanaaf. Garuu qaamni keenya gar tokko nu boodatti hafe gubachaa jira.

Sirna simannaa (Protocohol) ittiin simatamtu mootummichi siif qopheessuu malu irraa naannoo manneen hidhaa ilmaan Oromoo keessatti dhiphachaa jiran arguuf carraa ni qabaatta jedhnee hin eegnu. Haa tahu malee waan mootummichi sitti himu cinaatti dararmni kunis akka biyyattii keessatti bal'inaan itti jiramu akka nuuf qalbeeffattu kabajaa waliin si gaafanna.

Galata guddaa saba keenya miliyoona 40 Oromia keessaa fi kumoota Australia keessa qubatanii jiran irraa qabda.

Maaramaa Quufii

OSGA irraa

Oromia Support Group in Australia (OSGA)
For more information: - OSG Press Release No. 46 – PART ONE
- OSG Press Release No. 46 – PART TWO